

RIQICHA LIXA SIYAATIL IRRATTI MAALTU UUMAMAA JIRAA?

WALAKKAA BARA
2022'TTI DEEBI'EE
BANAMUUF SOCHII
SIRRIITTI JIRA




WALGA'II KEENYA MURTEESSAA TA'E JULY 2021'TI ADEEMSIFAMU IRRATTI HIRMAADHAA

Waa'ee dalagaalee nuyi hojjechaa jirru caalaatti dhaga'aati gaaffilee keessan dhiyeeffadhaa. Ergaa kallattii Afaan Ingiliziin akkasumas Turjumaana Ispaaniishiin, Mandariin, fi Veetinaamiin ni dhiyeessina. Waraabbiin walga'ichaa boodarra online barreeffama viidiyoo jalaa (subtitle) Afaanota Ispaaniish, Kooriyaa, Vietnam, Chaayiniffa, Khmer, Somaalii, fi Afaan Oromoo'tiin ni maxxanfamu. Afaanota dabalataa gaafachuuf, fedhiwwan bira gahiinsaa kanneen biroo qooduuf, ykn gaaffilee dhiyeessuuf, maaloo: 206-400-7511 ykn WestSeattleBridge@seattle.gov nu quunnamaa.

WALGA'ICHA AKKAMIIN HIRMAATTU

Guyyaa roobii, July 21 sa'aatii 5:30 PM'tti karaalee lamaan keessaa tokkoo isaatiin hirmaadhaa:

- Kompuyuutara ykn mobaayilaan – Zoom jalqabsiisuus linkii kana tuqaa/cuqaasaa: <https://us02web.zoom.us/j/89190663370>
- Bilbila – (253) 215 8782 irratti bilbilaa achiin booda webinar ID: 891 9066 3370 galchaa



GAAFFILEE YKN YAADA QABDUU?

Bilbila: (206) 400-7511

Email: WestSeattleBridge@seattle.gov

Odeeffannoo argachuuf: seattle.gov/westseattlebridge seenaa



Seattle
Department of
Transportation

RIQICHI HIGH-RISE LIXA SIYAATIL WALAKKAA BARA 2022'TTI DEEBI'EE BANAMUUF SOCHII SIRRIITTI JIRA

Obsa mul'istanii fi jabaattanii dandamachuu keessaniif galatoomaa. Cufamuun riqicha kanaa rakkoolee ol'aanoo akka uume ni beekna. Nuyi hojii irratti jaboo dha. Suphi jalqabaa riqicha sana jabeessuu kan xumurame yommuu ta'u, suphi inni dhumaa ammoo 'fall' ammaa kana jalqaba. [Waa'ee supha high bridge dabalataan asii waan baay'ee hubadhaa.](#)

FILANNOO IMALAA FI AKAATAA ITTI ISINIS NU GARGAARTAN

Daangeffamootni COVID yoo ka'an, daandiiwwan hojiin itti baaya'ata. Nuyi piroojektoota nageenya tiraafikaa mirkaneessanii fi dhiibbaa tiraafikni naannolee ollaa irratti geessisu hir'isan ijaaruuf hojjechaa jirra.

Isinis nu gargaaruu dandeessu! **Yoo isiniif danda'ame, konkolaataa hin qabaatiinaa.** Saaykilii fayyadamaa, Lafoo deemaa, roll, scoot, baasii ykn feraarii qabadhaa, vanpool seenaa, ykn naannooma turaa. [Waa'ee filannoowwan imalaa keessan asii waan baay'ee hubadhaa.](#)

YOO ISINIIF HAYYAMAME MALEE, RIQICHA SPOKANE ST SWING IRRA HIN KONKOLAACHISIINAA

Konkolaattota hedduuf low bridge guyyoota hojiitti sa'aatii 5 a.m. irraa hanga 9 p.m'tti akkasumas guyyoota boqonnaatti sa'aatii 8 a.m. irraa hanga 9 p.m'tti cufaa dha. **Konkolaataan hin hayyamamiiniif tikeetni adabbii \$75 ni kennamaaf.** [Ulaagaalee low bridge irra konkolaachisuu guutuu fi dhiisuu keessan ilaalaa ykn hayyama seensaatiif asitti iyyadhaa.](#) Low bridge namoota lafoo deeman, saaykilii qabatan, ykn sigigaatan hundaaf banaa dha.



GAAFFILEE YKN YAADA QABDUU?

Bilbila: (206) 400-7511

Email: WestSeattleBridge@seattle.gov

Odeeffannoo argachuuf: seattle.gov/westseattlebridge seenaa



Seattle
Department of
Transportation